BIIROO BARNOOTA BUL.MAGAALAA FINFINNEETTI

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 2ffaa kan Semisteera 2ffaa



Barannoo 3ffaa

Boqonnaa 13

sagalee jechaa

sagalee jabaa fi laafaa adda baasuu

Kaayyoo Barannichaa

- Barannoo Kana Booda;

❖ Sagaleewwan jabaa fi laafaa adda ni baaftu.

❖ Jabinni sagalee maalirratti akka hundaa’u ni himtu.

❖ Laafinni sagalee akkamiin akka uumamu ni ibsitu.

Shaakala

- **Gaaffiwwan armaan gadii hubadhaa.**

1.Jabinni sagalee jechaa maalirratti hundaa’a jettanii yaaddu?

2. Laafinni sagalee jechaahoo?

Sagaleen maali?

Maalummaa sagalee

- Sagaleen qaama dubbiiti.
- Sagaleen walitti qindoomina jechaa kan hafuura tokkoon dubbatamuudha.
- Sagaleen jabaachuus laafuus ni danda’a.
- Haala qubee dubbifamaa fi dubbachiiftuu irratti hundaa’uun qoqqoodama.

Sagalee jabaa

❖Akkaataa uumama sagalee jabaa

- **Sagalee jabaan kan uumamu qubeen dubbifamaan gosti tokko lama ta’uun walitti aanuun yommuu barreeffamuudha.**
- **Kana jechuun jabinni sagalee jechaa qubee dubbifamaa Afaan Oromoo irratti hundaa’a jechuudha.**
- **Qubeewwan dubbifamaa Afaan Oromoo kanneen jedhaman;**

B	**J**	**Q**	**X**
C	**K**	**R**	**Y**
D	**L**	**S**	**Z**
F	**M**	**T**	
G	**N**	**V**	
H	**P**	**W**	

….itti fufa….

- **Haaluma kanaan sagalee jabaan kan uumamu yommuu qubeewwan dubbifamaan armaan olii kan gosa tokkoo walitti aanuun barreeffamaniidha.**

- **Fakkeenyaaf;** **.Guddaa** **. Gadda**

  .Soddaa **. Baddaa**

  . Karra **. Gaaffii**

  . Warra **. Biddeena**

  . Kubbaa **. Qalloo**

  . Tulluu **. Huccuu**

  . Kattaa **. Bullukkoo**

  . Qullaa **. Qarriffaa**

… itti fufa……

- **Qubeewwan dubbifamaan armaan olitti walitti aananii taa’an jabina sagaleef sababa ta’u.**
- **Qubeewwan walitti aanan lamaan wal fakkaatoodha.**

SAGALEE LAAFAA

- **Laafinni sagalee jechaas qubee dubbifamaa irratti hundaa’a.**
- **Yeroo hundaa jecha tokko keessatti dubbifamaan lama wal cinatti hin barreeffamu.**
- **Kanaaf sagalee laafaan qubee dubbifamaa tokko qofa qaba.**
- **Sagalee jabaa fi laafaa adda baasuuf jecha sana sagaleessinee dubbisuu qabna.**

…. Itti fufa ……

Fakkeenyawwan sagaleelee laafaa;

. Karaa	**. Rafuu**
. Laga	**. Diduu**
. Lama	**. Buna**
. Fira	**. Samuu**
. Rooba	**. Gabaa**
. Bosona	**. Sodaa**
. Qoore	**. Soorata**
. Saafaa	**. Fiiguu**
. Gadaa	**. Boorana**

Jabinaa fi laafinni jechaa akkamiin hiika jijjiira?

- **Jabinaa fi laafinni sagaleewwanii hiika jechaa jijjiiruu ni danda’a.**

  Fakkeenyaaf;

. Qorre _____Qore

. Karra _____ Karaa

. Soddaa _____ Sodaa

. Qaalluu _____ Qaluu

. Baddaa _____ Badaa

. Gadda _____ Gadaa

. Kutte _____ Kute

. Farra _____ Faara

. Gadduu _____ Gaaduu

GOCHA

Gaaffiwwan armaan gadii yaalaa.

1.Laafinnii fi jabinni sagalee jechaa maalirratti hundaa’a?

2. Jechoota sagalee laafaa fi jabaa qaban barreessuun fakkeenya kennaa.

3. Jechoota sagalee jabaa qaban barreessuun gara sagalee laafaatti jijjiiraa.

Deebii

1.Qubeewwan dubbifamaa Afaan Oromoo irratti hundaa'a.

Qubeewwan kunis;

B , C, D, F, G, H, J, K, L, M, N, P, Q, R, S, T, V, W, X, Y, Z

2. JABAA ; guddaa, lakkuu, lammii, saddeet, hattuu.

LAAFAA; lafa, lolaa, lootuu, nama, guutuu, rafuu.

3.Gadda _____Gadaa

.Qarree _____ Qare

.qorre _____ qoore

. Karra _____ karaa

. Hattuu _____ haatuu

. Sammuu _____ saamuu

CUUNFAA BARANNOO

- **Walumaa galatti sagaleen walitti qindoomina qubeewwanii ta’uu**
- **Laafinni sagalee immoo qubee dubbifamaa irratti hundaa’uu**
- **Jabinni sagalees qubee dubbifamaa irratti hundaa’uu isaa**
- **Jabinnii fi laafinni sagalee hiika jechaa akka jijjiiru baranneerra.**
- **Sagalee jabaa keessatti dubbifamaan gosti tokko lama ta’uun walitti aanee barreeffamuu fi**
- **Sagalee laafaa keessatti immoo dubbifamaan tokko qofti jiraachuu isaa hin dagatinaa.**

HOJII MANAA

I. Gaaffiwwan armaan gadiif deebii sirrii ta'e filuun deebii kennaa.

1. Jechi Kubbaa jedhu sagaleen isaa maali?

A. Laafaa B. Gabaabaa C. Jabaa

2. Kanneen gaditti tarreeffaman keessaa kan sagalee laafaa qabu isa kami?

A. Gadaa B. Gadda C. Lammii

3.Jechoota armaan gadii laaffisuun barreessaa.

A. Baddaa _____

B. Badduu _____

C. Soddaa _____

D. Qoratte _____

E. Gaabbii _____